# BARSIISOTA SOBDUU WAJJIN FALMUU

Barnoota 12, Fulbaana 19, 2026





"Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo
jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof
hojjechuu danda'uu dha..."
(2 Qoront. 10:4)

Phaawuloos ergama isaa keessatti waa’ee waldootaa odeeffannoo guutuu qabaachaa ture. Maaliif? Gargaarsa barbaadu yoo ta’e beekuuf, daawwachuuf, jajjabeessuuf ykn jabina kennuufiif jedheeti (2 Qor. 11:28).

Si’a tokko tokko waa’ee barsiisota sobduu warra amantoota amanamoo dogoggorsantu itti himama. Yeroo kun ta’u Phaawuloos aariidhaan guutama (2 Qor. 11:29).

Xumura xalayaa isaatii isa lammaffaa warra Qorontoosiif barreessee keessatti, waa’ee rakkina barsiisota sobduu kanaa dubbata. Akamitti adda isaan baasuu dandeenya? Lola hafuuraa kana keessatti akkamitti isaan loluu dandeenya? Akkamitti mo’uu dandeenya?





**Lola hafuuraa:**

- Meeshaa lolaa (2 Qoront. 10:1-11)
- Tooftaa of irraa qolachuu sirrii (2 Qoront. 10:12-18)

**Barsiisota sobduu wajjin falmuu:**

- Gowwomsitoonni akka ergamootaatti (2 Qor. 11:1-15)
- Phaawuloosii fi barsiisota sobduu (2 Qor. 11:16-31)
- Of qoruu fi injifannoo (2 Qor. 12:14-13:10)

# LOLA HAFUURAA



# MEESHAA LOLAA





"Mi'i waraanaa keenya mi'a da'oo jajjabaa jigsuudhaaf Waaqayyoof hojjechuu danda'uu dha" (2 Qoron. 10:4)



Phaawuloos, xalayaa isaatiin dubbii dhimma baasuu fi jajjabaa barreessa, yommuu qaamaan dhufee dubbatummoo dadhabaa dha jedhamee komatama (2 Qor. 10:10).

Dubbii kanaaf yeroo deebii kennu, Phaawuloos yeroo qaamaa argamu akkuma xalayaa isaa keessatti barreessu sana akka ta'e sirriitti agarsiisa, garuu "meeshaa foonii" (kan akka aboo, adaba qaamaa ykn of jajuu), qooda kanaa meeshaalee waraanaa "jajjaboo isa kan Waaqaa" qofa akka fayyadamu dubbata (2 Qor. 10:2-4).

"Meeshaaleen" kun gadi of deebisuu fi gaarummaa Kiristoosiin hojjechuu dabalatu (Maat. 11:29). Garuu gochaa dogoggoraa dura jabaatanii akkuma Yesuus dhaabate dhaabachuu (Maat. 21:12-13), ykn yeroo barbaachisaatti sirriitti dubbachuu dabalata (Maat. 23:23-27).



Aboon Phaawuloos qabu Kiristoosiin isaaf kenname, kanaaf inni yeroo hundumaa ittiin ijaaruuf malee ittiin diiguuf dhimma itti hin ba'u (2 Qor. 10:8).

# TOOFTAA OF IRRAA QOLACHUU SIRRII

"Nama Gooftaan dubbatuuftu fudhatamaa ta'uu danda'a malee, namni ofiif dubbatu fudhatamaa ta'uu hin danda'u."
(2 Qor. 10:18)




Falaasfonni Giriik, barattoota isaan irraa barachuu barbaadan maallaqa guddaa kaffalchiisaa turan. Barattoota kana hawwachuuf, waa'ee beekumsa isaaniitiin of jaju, dhaabbannaa hawaasummaa isaanii ykn immoo namoota bebbeekamoo isaaniin beekanii fi kabajaniin of jaju. Shaakalli barsiisota sobduu warra Qorontoos keessa miliqanii seenaniis akkasuma ture (2Qor. 10:12; 11:19-20).



Garuu Phaawuloos beekumsa isaa qooduufii isaatiif hin kaffalchiifne, xalayaa galataas hin dhiheessin, waa'ee ofii isaatiis of hin jajne. Kana gochuu isaatiin immoo in tuffatame! Akkamitti ofii isaaf falmata?






Warra Qorontoos biratti fudhatama argachuuf waan jajamuu barbaade fakkaata. Garuu isa miti kan of jaju (Fakk. 27:2). Phaawuloos Waaqayyo akka isa jaju godhe (2 Qor. 10:18).



Waanti ittiin of jajnu ykn ittiin koorru yoo qabaanne, Waaqayyoon beekuu keenyaa fi Isaaf abboomamuu keenyaan ta'uu qaba (Erm. 9:24; 2Qor. 10:17).



# BARSIISOTA SOBDUU WAJJIN FALMUU

# WARRI GOWWOMSAN ERGAMOOTA FAKKAATAN DHUFUU ISAANII

*“Jarreen akkasii kun ergamoota sobaa ti, hojjetoota nama gowwoomsan, ergamoota warra Kiristoos waame fakkaachuudhaaf warra wallaalchifatanii dha.”* (2 Qoront. 11:13)



Phaawuloos waldaa qulqullooftuu Kiristoosiin duratti dhiheessuu hawwa (2 Qor. 11:2). Garuu waldaan akka Hewaaniin, balaa gowwomfamuu fi misirroo Yesuusiin ta’uu dhaabuu jala jirti (2 Qor. 11:3).



Balaa inni dhugaan maali? Yihudota warra akka “ergamoota gurguddoo” kan Yesuusitti of fakkeessanii “Yesuus biraa”, “hafuura biraa”, fi “wangeela biraa” barsiisani dha (2 Qor. 11:4-5; Gal. 1:8).




Namni tokko waa’ee Yesuusiin lallaba jechuun Yesuus Isa dhugaa akka Macaafa Qulqulluu keessatti mul’atetti nutti agarsiisa jechuu miti. Jechoonni isaanii dinqisiisoo ta’uu danda’u, garuu Seexanni mataan isaa iyyuu akka itti dinqii dubbatuu fi akka “ergamaa ifaatti” ofii isaa dhiheessu beeka (2 Qor. 11:14).



Gochaa isaanii fi dubbii isaaniitiin, barsiisonni dhugaan “dhugaa Kiristoosiin” barsiisu (2 Qor. 11:9-10). Garuu barsiisonni sobduun, warri sobanii qajeelummaa waan barsiisan fakkaatan, tajaajiltoota sobaa warra ergamoota fakkaatani dha (2 Qor. 11:13-15).

# PHAAWULOOSII FI BARSIISOTA SOBDUU

**“Warra Ibrootaa waan ta’aniifii? Anis akkasuma; warra Israa’el waan ta’aniifii? Anis akkasuma; sanyii Abrahaam waan ta’aniifii? Anis akkasuma.” (2 Qoront. 11:22)**



**Phaawuloosii fi barsiisota sobduu giddu wal-fakkii maaliitu jira? Hundi isaanii iyyuu Yihudota Kiristiyaanummaa fudhatani dha (2 Qor. 11:22).**

**Garaa garummaan isaan gidduu jiru maali? Asitti maraatummaan Phaawuloos kan inni jalqabu: “Isaan hojjetoota Kiristoosii? (akka nama qalbii dabarseettan kana dubbadha.) animmoo nan caala (2 Qor. 11:23). Yoo warri kaan Kiristoosiif akka waan dhiphataniitti of jajan, Phaawuloos immoo guddaa caala: reebameera; hidhameera; du’aan doorsifameera; dhagaan rukutameera; galaana irratti balaan doonii irra ga’eera; balaa gosa hundumaatiin liqimfameera; beela’eera, dheeboteera, itti qorreera, qullaa ta’eera; yeroo hundumaa waldootaaf dhiphateera (2 Qor. 11:23b-29).**

**“Maraatummaan” Phaawuloos asitti raawwata. Waanta Kiristoosiif jedhee godhe kanaaf of jaja akka ittiin jedhamu hin barbaanne. Of jajuun (ykn ulfinni) isaa inni dhugaan, waanta Kiristoos isaaf godhe dha.**




**Jabinni isaa inni dhugaan dadhabina isaa keessa jira, isa dha kan akka inni guutummaatti Yesuusitti hirkatu isa taasise (2 Qor. 11:30-31; 12:6-10).**

# OF QORUU FI INJIFANNOO

"Amantiitti qabamtanii jirtu yoo taatan isinumti of ilaalaa! Of qoraa! Yesuus Kiristoos isin keessa akka jiru dhuguma in beektuu ree? Yoo akkas ta'uu dhaabate isin qorannaa sanatti kufuu keessan." (2 Qoron. 13:5)

Yeroo itti Phaawuloos Qorontoosiin dhaqu dhihaachaa dhufe. Maal arga akkamittis hojjeta? (2 Qor. 13:1-2).






Phaawuloos adabbii waldaa humnaan hojii irra oolchuuf qophaa'e: warra qalbii jijjiirratan bakkatti deebisuuf warra mata jabeeyyii immoo adabuuf.

Sodaan isaa, yeroo achi ga'u, wal dhabdee hamaa fi cubbuu keessattan isaan argaa laata kan jedhu ture. Cubbamoota qalbii hin jijjiirranneefan boo'aa laata jedhee sodaate (2 Qor. 12:20-21).

Kanaaf, utuu yeroon sun hin dhufin, warri Qorontoos qoranii of ilaaluutu irra jira (2 Qor. 13:5).



Phaawuloos gama isaatiin, akka isaan hamaa gochuu dhaabanii gaarii godhanii fi muda maleeyyii taa'aniif isaaniif kadhate (2 Qor. 13:7-9).

"Sabni Waaqayyoo, dhiibbaa barsiisota sobaa injifachuuf akkasumas gowwomsaa humnoota hafuurota dukkanaa mo'achuuf Sagalee Waaqayyoo akka gaachanaatti akka fayyadaman qajeelfamaniiru. Seexanni, beekumsa Macaafa Qulqulluu bira akka hin geenye namoota gochuudhaaf meeshaa kamiinuu ni fayyadama; sababni isaa dubbiin isaa hundinuu gowwomsaa isaa saaxila. Bakka dadammaqiinsa hojii Waaqaa hundumaatti, mootiin hamminaa sun sochii isaa haalaan hammeessuudhaaf kaa'a; amma wal'aansoo isa xumuraa Kiristoosii fi hordoftoota Isaa irratti gochuudhaaf, dhamaatii isaa isa xumuraa hamma fiixeetti dhama'a. [...] Fakkeessaan hojiiwwan isaatii baay'isee dhugaa wajjin waan wal fakkaatuuf, yoo Sagalee Waaqayyootiin ta'e malee, tasumaa adda baafachuun hin danda'amu. Dhuga ba'umsa isaaniitiin dubbiin isaanii hundinuu fi dinqiin isaanii hundinuu qorama."

EGW (The Great Controversy, p. 593)